wuduu'a akka Nabiyyii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu

Yahyaa bin Umaaraa al-maazinii irraa odeeffamee akkana jedhe: Amrii bin Abii Hasanitti nan dhufe haala inni wuduu’a Nabiyyii irraa -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- Abdullaah bin Zeydii gaafatuun, dabbaa bishaanii tokko waammateeti, wuduu'a akka Nabiyyii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- godhatee isaan agarsiise, dabbaa sana irraa bishaan harka isaa irratti dhangalaasee, harka isaa lameen yeroo sadii dhiqe, eegasii harka isaa dabbicha keessa galchee, bishaan hammaarrii sadii hammaarrachuun afaan lulluuqqatee funyaan keessa bishaan ol galchee baase, eegasii bishaan fudhachuun fuula isaa yeroo sadii dhiqate, eegasii harka isaa lameen ciqileen waliin yeroo lama dhiqate, eegasii bishaan fudhachuun mataa isaa harka isaa lameenin qabee gara fuul duraa irraa gara duubatti oofee eegasii gara fuul duratti as deebisuun yeroo tokko qofa haxaa'e, eegasii miila isaa lameen koomee waliin dhiqate.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Abdullaah bin Zeydii -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkaataa wuduu'a Nabiyyii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- bifa hojiitiin ibse, Meeshaa xiqqaa wahii kan bishaan irraa ta'e ni gaafate, Jalqaba irratti harka lameen dhiqachuudhaan eegale, achiis meeshicha sana dabsee bishaan irraa fudhachuun harka lameen yeroo sadii meeshaa sanaan alatti dhiqate. Eegasii harka isaa meeshicha keessa galchee, hammaarrii sadii hammaarrachuun, hammaarii hunda keessatti bishaan afaani fi funyaanitti ol fudhatee gadi deebisa. Eegasii meeshicha irraa hammaarratee fuula isaa yeroo sadii dhiqate, Eegasii bishaan fudhatee harka isaa lameen ciqilee waliin yeroo lama dhiqate, Eegasii harka isaa lameen meeshicha keessa galchee, harka isaa lameenin mataa isaa gara fuul duraa irraa eegalee hanga duuba isaa gayutti oofee eegasii eddoo irraa eegaletti deebisuun haxaa'e, Eegasii miila isaa lameen koomee waliin dhiqate.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3444